FRONT FOR INDEPENDENCE OF OROMIA (FIO)

KALLACHA WOLABUMMAA OROMIYA
LAKK: kwo-141-2016
GUYAA : Ado. 26 , 2016

FRONT FOR INDEPENDENCE OF OROMIA
REF.NO : fio-141 -2016
DATE : July 26 , 2016

Waamicha Saba Oromoof

Kallacha Wolabummaa Irraa

Ummanni Oromoo bara Oromiyaan sirna gabrroomfataa habashaatiin cabee kiyyoo gabrumma jalatti kufe irraa eegalee bilisumma isaatii fi walabumma biyya isaa debisee goonfachuuf flamaa diina isa qabatee waliin godhu osoo addaan hinkutin qabsoo hadhaawwaa geegessaa hardha gayee jira . Miidhaan harkaa fi harnma muraa Anoolee akkasumas sanyii duguuggaan Calii Calanqoo kan mootichi Habashaa Minilik II iratti raawwate qabsoo isaa irraa uf duuba isa hin deebifne. Sanyii dhugaaggaan har'a sirnni bicuun TPLF/EPRDF Ummata Oromoo irraan gahaa jirus kan qabsoo keenya daran finiinsu malee kan Saba Oromoo qabsoo isaa irraa uf duubatti deebisu akka hin taane argaa jirra.

Haalli yeroo amma ummanni keenna keessa jiru sanyii duguugga bara bittaa Minilik nurratti raawwateemeen kan wal gitu akka ta'es mormiin hin jiru. Kunis murni gita bittuun saba bicuu keessaa baatee Impayera itoophiyaa bulchaa jirtu karaa isii danda'ame hundaan saba Oromoo hundeedhaan dhabamsiisuuf hojjachaa jiraachuu isiiti. Qabsoon Ummata oromoo bara jahaatamoota irraa eegalee jijjiirraa roga hundaa argamasiisaa dhufuu irraa kan ka'e ka duraanii caalaa diinaa keessaa fi alaa horataa jira. Diinni irra hamaan diina keessaa kan maqaa Oromootiin kakachaa Oromoo fi oromiyya gurgaurachun buaa yeroof jecha ummata Oromoo bara hiyyumaa fi gabrummaa irratti dheeresuuf bilisummaa sabaa fi walabummaa Oromiyaa lagatanii firummaa alagaa filaniidha.

Haalli yeroo ammmaa keessa jirru yoo uf eeggannoo cimaa hin gooone akkuma armaan duraa wereegama barataan , barsiiisaan , qotee bulla fi abootiin amantii Oromoo biyyaa teenna Oromiyaa walaboomsuu fi saba Oromoo bilisoomsuuf basan karaa irraa maqsuun maqaa dimokraasii fi tokkummaa biyyaa jedhu jalatti dhokachuun sirna dullacha darbetti kan nu deebisu ta'a jennee yaadna . Ardha dargaggoonni oromoo , beektoonni orommoo , Qotee bulaan keennaa fi abootiin amantaa hundi gatii qaalii kan kaffalaa jiraniif Oromiyya walanboomsun , Saba Oromoo abbaa biyyaa isaa fi qabeenya isaa taasisuuf jecha akka ta'e beekamaadha. Murnoonni gariin injifanoowwan dhiiigaa fi lafee ilmaan teenaatiin galmaawaa jiru kana alagaa jala qabuun alagaadhaan firoomanii bakka kaleessatti nu deebisuuf wixirfachaa akka jiran mallattoolee adda addaa argaa jirra. Adeemsi kun tokkummaa dhaabotii Oromoo kan Ummanni keenya halkanii guyyaa gaafatuu fi hawwu kan miidhu ta'a jennee yaadna. Kun wanni nutti agarsiisu humni wereegama sabni keenna haga ar'aa kaffalee fi ar'aas kaffalaa jiru galii isaa irraa maqsuuun Impaayera dullattii gargaggalchuuf hawwii qabu akka jiru nuuf akeeka. Impayera dullattii asii fi achi gargalchuun Saba Oromootif bu'aan inni fidu akka hin jiraanne muxannoon bara 1991 nuti agarsiisee jira jira. Har'a yeroo Ummanni keenya sababa finicila diddaa gabrummaa kaasee dhibbootaan ajjeefamu, kumootaan qaamaan hir'atu fi kumaa fi kitilaan mana hidhaatti guuramee dararamaa jiru humnootin alagaa kan maqaa dimokraasii fi tokkummaa biyyaa jedhuun kakachaa harqoota gabrrummaa isaanii Saba Oromoo fi Saboota cunqurfamoo biroo irratti deebisuu hawwan maalif halaala dhaabatanii nu ilaaluu filatan jennee yoo uf gaafannu deebisaan isaa isaa ifaa fi gabaabaa dha. Kunis waan gaafiin Saba keenyaa fi hwwiin isaanii kallattiidhaan wal rukutuufi. Hawwwin Saba keenyaa, hawwii bilisummaa fi hawwii abbaa biyyummaati. Dhaadannoon Saba keenyaa "Oromiyaantan Oromoot" je'a. Fincilli kun fincila Saba Oromooti. Hawwiin isaani hawwii Saba keenya kanaan faallaa Oromiyaa wanni jedhamu hin jiru, Etoopiyaan takka, ftiincilli kunilleen fincila Etoopiyaa jedhamee waamamuu qaba jedhu. Isaan abukaadoo tokkummaa impaayera Etoopiyaati. Oromoon Impaayera kana diigee harqoota gabrrummaa kan maqaa

kanaan jaarraa tokkoof walakkaa irratti fe'ame uf irraa darbuuf wareega lubbuu qaalii bakka bu'aatii hin qabnne baasaa jira.

Kanaaf, nuti ilmaan Oromoo kan kallacha Walabummaa Oromiyaa (KWO) jalatti gurmooofne, wanti ummata keennaaf gadi fageesinee dhaamnu dogoggora kaleessaa irraa uf dandamachiissuf Oromoon ufii isaa ijaaramee humna murteessa taudhaan diina isa qabate humnaan ufirraa fonqolchee abbaa biyummaa isaa mirkaneessuf kutannoon akka qabsaawudha. Halagaan ar'as akkuma kaleessaa Oromoo keeysaa murnoota adda addaa firoomfatee adeemsa isaa jijjiirachuudhaan ummata Oromoo maqaa dimokraasii fi tokkummaa biyyaa jedhun Oromoo kiyyoo gabrrummaa jalatti qabuuf wixirfachaa jira. Halagaan har'as ta'e kaleessaa maqaa tokkummaa biyyaa jedhu haguuggatee saba Oromoo , lafa isaa saamuu , human isaa gatii malee fayyadamu fi Oromoo qe'ee isaa irraa buqqisee ufii isaa kaan abbootii qabeenyatti gurguratee ka hafe gamoo irratti ijaarachuun miidha hagam akka saba keenna irra geese fi geessaa jiru tarrisanii fixuun hin dandayamu.

Haalli amma keessa jiru kan agarsiisu qabsoon ar'a itti jirru hadhooftuu akka taatee fi hagam takka akka rakkoolee adda-addaan diina keessaa fi alaan xaxamtee jirtu ni hubachiisa. Kallachi Wolabummaa Oromiyaa (KWOn) falmii ilmaan Oromoo ar'a diina Faashistii haga funyaanii hidhate fuuldura dhaabbatee ajjeesaa fi ajjeefamaa jiru wajjiin dhaabbachuuf murteeffatee jira. Nuti dhaloonni ar'aa ilmaan Oromoo kan Walabummaa fi abbaa biyyummaa isanii mirkaneefachuuf lubuu kennanii fi ammas kennaa jiran cinaa dhabbachuuf gaafatama seenaa qabna. KWOn haqa saba Oromoo kana bakkaan ga'uuf wareegama barbaachise cufa ni baasa. Saba Oromoof dhaamsi dabarsinu , qabsoo amma itti jirru tana otuu duubatti hin jenne akka itti fufu fi diina irratti goobee humna isaa cimiste kana ufirraa fonqolchee abaa biyyummaa isaa akka goonfachuuf murannoondhaan qabsaayu irra deebinee waamicha goonaaf.

Dhumarratti , iiti daballee waamichi dhaabni keenya KWOn saba Oromootiif dabrsu , falmiin godhaa jirtu falmmaa haqaati , tan abbaa biyyumaati , tan jirreenna keetiiti fi tan hegere dhaloota dhufuu murteessuudha. Kunis kan mirkanaayu yeroo bilisummaan Saba Oromoo fi walabummaan Oromiyaa mirkanaawe qofa akka ta'e hubachuudhaan falmii wal-irraa hin cinne deemisisuu irratti akka jabaattu siif dhaamna. Falmii kana keeyssatti nuti qabsaayonni KWO jalatti gurmoofne si cinaa dhaabannee wareegama qabsoon gaafattu baasuf qophii ta'uu keenya siif mirkaneessina.

Ni Moona !

Qabsoon Itti Fufa !

Wajira.kwo@gmail.com